




Manni Murtii Olaanaa Wayyaanee dhaddechi 3ffaan Bitootessaa 31,2010 ilmaan Oromoo Oromummaa isaaniin yakkee mana hidhaatti dararaa fi hiraarsaa jiru irratti murtii du'aa haga waggaa kudhanii dabarsee jira. Murtiin abbootii murtii bitaa fi mirgaa dhalootaan Tigiraay ta'an lamaan kenname kun murtii loogii sanyummaatiin kennamaa ture, ammas qaanii tokko malee itti fufee jira. Galmee Tasfa'uu Camadaa jalatti namoota himatan kudha shan irratti murtiin darbe kun haadha ijoollee sadii kana taate Lalisee Wadaajoo, haadha manaa Dhaabasaa Waaqjiraa , adabbii hidhaa cimaa waggaa kudhaniin adabee jira. Murtii kana ilaalchisnee, Gaazexeessaa Dhaabasaa Waaqjiraa waliin gaaffii fi deebii gabaabaa goonee jirra.

MOA: Murtiin dhaddecha Wayyaaneen darbe kana akkamitti ilaalta?



**Gaaz. Dhaabasaa Waaqjiraa**

Dhaabasaa: An kana addatti hinilaalu. Hidhaa fi ajjeechaan kun waanuma saba keenya mara irra gahaa jiruudha. Erga mootummaan kun aangoo qabatee Oromoonni qe'ee isaanii keessatti hidhaamaa fi hiraarfamaa jiru. Tarii, barri kun warra amma aangoo of harkaa qabuuf waa hunda dabarsee jira ta'a. Oromoof garuu barri kun bara hidhaa, hiraarsaa fi ajjeechaati; bara gadadoo ti. Bara kana keessa waanti Oromoof dhiifame yoo jiraate hidhaa dha. Kanaaf, murtiin kun murtii mana haqaa irraa kenname miti. Dhaddecha haqaan dhimma Oromoo ilaalu mootummaa kana irraa eeguunis hinta'u.

MOA: Wayyaaneen murtii dabaa akkanaa ummata keenay irratti dabarsaa jirti. Kun maal jechuu dha?

Dhaabasaa: Kun waan hedduu dhokataa ta'ee miti. Mootummaan kun gaafa aangoo qabatee kaasee ummata Oromoo akka diina tokkoffaatti qabatee ka'e. Mootummaan kun Oromoo biratti mallattoo hidhaa fi ajjeechaa ti. Murtiin isaa kennanis kuusaa jibbinsaa irraa ka'a. Murtii haga ammaa kennamaa turee fi amma illee kenname yoo ilaalle, kan yeroo dheeraaf lafa irra harkifataa tureedha. Mootummaan ragaa qabu, nama tokkotti murtii kennuuf waggaa lama guutuu beellamaan mana hidhaatti hintortorsu. Tooftaan mootummaa sanaa erga si hidhee ragaa yakkaa sitti barbaada; erge si hidhee booda adeemsa mana murtii beekaa akka lafa irra harkifatu gochuun jiruufi jireenya Oromoo diiga. Masfin Abbabaa fi Tasfahuun Camadaa, fakkeenyaaf, Ebla bara 2007 keessa Keeniyaa irraa butamanii gara biyyaatti deebisaman. Jarreen kun seera mootummoota gamtoomanii jalatti galmaa'anii kan hirkannoo siyaasaa qabaniidha. Akka seera kanaatti namooti akkasii fedhii isaaniitiin ala biyya keessaa baqatanitti hindeebifaman. Haga Onkoloolessa bara 2008 eessa akka turan namni beeku hinturre. San booda Oromoota jumlaan walitti qabanii hidhuu eegalan. Galmee tokko keessatti namoota 15 himatanii beekaa akka murtiin lafa irra harkifamu gochaa turan. Ragaan dhiyaates, tokko amansiisaa fi qabatamaa

hinturre. Kun marti, akka hubannoo kootti, murtii fi adabbii sanyummaa irratti hundaa'ee kan kennameedha.

MOA: Muuxannoo mana hidhaa qabdu irraa kaatee adeemsa murtii kennuu kana akkamitti ibsita?

Dhaabasaa: Kana warri ogummaa seeraa qaban otuu ibsanii irra wayya natti fakkaata. Gama kiyyaan akkan argutti, mootummaan kun amaluma ittiin uumame, amala seera bosonaa sanaan bulaa jira. Afaaniin waan addunyaan feetu haa dubbatu malee, gochaan amaluma dur bosonatti raawwachaa ture deebisee dalagaa jira. Wayyaaneen akka addunyaatti kan yaaddee dubbattu malee, kan hojjattu akka biraatti. Isaan dhoksaan namaa fixuutti amanu. Golgaan duubatti gochaa gara jabinaan guutame raawwatuutti amanu. Isaan guyyaa tokko illee ummata Oromoof garaa laafanii hinjiran. Hiree argatan maraan Oromoo hayyuu malee gochaa jiru; Oromoo ogganmalee gochuu irratti hojjachaa jiru. Galiin isaanii Oromoon baataa gaarii ta'ee akka isaaniif bitamu taasisuu dha. Muutummaa kun itti yaadee biyyaa fi saba Oromoo iyyeeyyii heddummeessuuf hojjataa jira.

Mootummaan kun mootumma itti gaafatamummaan itti hindhaga'amnee dha. Mootummaan kun mootummaa ilaalcha dhiphummaan guutamee lammii Oromoo callaa qobaatti baasee murtii loogii fi jibbinsaan guutame itti kennuu dha. Ammas kan argaa jirru, abbootii murtii, abbootii alangaa, qorattoota poolisii fi humnoota tikaa dhalootaan Tigiraay ta'aniin, ummata Oromoo hidhaa fi adabaa jira. Sirna addabaa, biyya Afrikaa kibbaa keessatti mul'atee ture, biyya sana keessatti haaromee hojii irra oolaa akka jirun hubadha.

MOA: Ati mataan kee waggaa sadiif hidhamtee baate. Haati manaa kees kunoo waggaa kudhan akka hidhamtu itti murtaa'e. Kun jireenya jireenya nama tokkoo keessatti ta'uun maal jechuudha?

Dhaabasaa: Kun, egaa, akka kiyyatti mallattoo sirna garbummaa ti. Sirni tokko waan ittiin ibsamu yookaan fakkeeffamu qabaata. Mootummaan Wayyaanee fakkeenya gaarii kan maalummaa sirna garbummaa sirriitti ibsu dalagaa jira. Sirni akkanaa maatii fi waatii walitti qabee takaaluun egeree biyyaa dukkaneessa; lammiin akka biyya isaa keessatti abdii dhabu godha. Jireenyi warra garbummaa jala jiruu akka gadadoon dhaalamu godha. Biyyi gadadame, mirga isaa gaafachuuf humna hinqabaatu jedhee waan yaaduuf, karaa danda'e maraan kaayyoo akkanaa irratti karoorfatee hojjata. Galiin isaa bara bittaa isaa yaaddoo tokko malee dheereffachuu dha. Kun immoo abadan hinta'u. Biyyi keenyas ta'ee dhalooti keenya kan bittootaaf mijjaa'an ta'uu hindanda'an. Sun erga raawwatee tureera. Hidhamuu fi ajjeefamuun gatii bilisummaa namuu kaffaluudha. Hidhamnus, ajjeefamnus bilisummaa keenya irraa waanti nu deebis tokko illee hinjiraatu.

MOA: Akka Gaazexeessaatti murtii sirna Wayyaanee duraas ta'ee ammaa akkamiin ibsita?

Dhaabasaa: Murtiin kun murtii dabaa, kan haqaa akka hintaane nan beeka. Manni murtii biyya sanaa waggaa tokkoo fi walakkaa booda murtii jal'aa kana kenne. Manni murtiis ta'ee sirni biyya sanaa dubartii irratti murtii dabaa dabarsuun isaanii kan jalqabaas miti; kan dhumaas miti. Isaaan ganaa llmaan Oromoo haqa isaaniif falman irratti murtii dabaa dabarsuun isaanii itti fufa. Kun ka jijjiiramu qabsoo fi diddaa keenyan qofa. Sirni wayyaanee haga jirutti murtii haqaa argachuun hinta'u.

Kun gatii bilisummaa saba keenyaaf kaffalluudha. Akka sabaatti seenaa qaanessaan jiraachuun nuuf hinmalu. Warri keenya garbummaa jala turan; nuti immoo garbummaa jala jiraachuu hinqabnu. Bilisummaa keenyaaf falamachuun mirga keenya; bilisumma keenyaaf hidhamuu fi gatii bislisumma baasuun keenysa  hin dhaabbatu. Murtii dabaan waanti jijjiiramu tokko illee hinjiru. Diinni gochaa isaa hammaeessuun qabsoo irraas nu hindeebisu.

MOA: Ibsa gabaabaa nuuf kennite kanaah hedduu galatoomi.

Dhaabasaa: Isinis galatoomaa!